Qabaa dhukubaa manneen barmootaa fi bakka eegala ijoollummaa (early childhood)

Akka dhukubni coronavirus (COVID-19) hawaasa keenya keeysa hin babal'anneef wanneen barbaachisoo tahan keessaa kan nuti godhchuu dandeenyu tokko yeroo nu dhukubu, yoo mallattoo dhukubaa xiqqoo qabaanne illee mana turuu qabna.

Maal beekuu akka si barbaachisu

Yoo daa'imni nagummaa itti hin dhagahamne, mallattoo dhukubaa xiqqoo illee taatu mana turuu qabu

Yoo yeroo mana barmootaa jiru dhukube tahe mana barmootaa/bakka eegala ijoollummaa (early childhood) (ECEC) irraa hanga danda'ametti daddffiidhaan fuudhamuu qabu.

Yoo daa'imni mallattoo If a child has any of the symptoms of coronavirus (COVID-19) kan kanaa gaditti tarreessame kam illee qabaate, xiqqoo illee taatu, laalamuu fi hanga itti baha isaa argatanitti mana turuu qabu:

- qaama gubaa yookaan layidaa
- dhaammocha yookaan dafqisiisaa
- qufaa
- dhukubbii laagaa keeysaa
- afuura kutaa
- furreessaa
- foolii yookaan dhandhama adda baasatuu dadhabuu.

Haala tokko tokko keessatti akkasuma, mataa bowwuu, qaama caccabsaa, funyaan cuqaaluu, joonjessaa, haqisa fi teechisaa (garaa kaasaa yookaan garaa yaasaa) mallattoo dhukubaa tahuu danda'a.

Gorsa caaluuf:

- toora gargaarsa bilbilaa coronavirus (COVID-19) sa'aa 24 argamu 1800 675 398 irratti bilbil
- doktora fayyaatti (general practitioner) bilbili
- Damee Tajaajila Fayyaa (Department of Health Services - DHS) akka itti toora interneetaa irraan if qorattu Gargaarami.

Laali: Bakka itti laalamtu eessaa akka argattu.

Yoo laalamni coronavirus (COVID-19) dhukuba kan hin agarsiisne tahe illee hanga mallattoon dhukubaa dhiisutti daa'imni mana turuu barbaachisa

Yoo laalamni coronavirus (COVID-19) qabaatuu agarsiisu yoo tahe yookaan nama dhukube waliin tuxuqaa qaamaa kan qabu yoo tahe hanga DHS irraa dhukuba irraa qulqullaawuun beekamutti addatti of baasuu (isolate)/ addatti bahu (quarantine) qaban.

Ijoolleen mallattoo dhukubaa yeroo dheeraa qaban, kan akka qaama ho'isaa yookaan asmaa, kan mallattoo dhukuba akkasii qabaatuun isaanii durumaan beekame ECEC/mana barmootaa deemuu itti fufu. Yoo mallattoo dhukubaa kan durii irraa adda tahe itti dhagahame yookaan mallattoon dhukubaa durmaan qaban kan itti caale yoo tahe COVID-19 laalamuu qaban. Yoo mallattoon dhukubaa duraan qaban kan mallattoo dhukuba COVID-19, kan akka qufaa yookaan furreessaa waliin wal irra bu'e gara ECEC/mana barmootaatti deebi'uuf GP isaanii irraa waraqaa ragaa fidatuu qabu.

Ijoollotni xixiqaan (kan umriin eegala mana barmootaa irraa hanga Kutaa 2 jiran) mallattoo dhukubaa kan yeroo dheeraaf irra ture, kan akka furreessaa yookaan qufaa yoo qabaatan dhukuba COVID-19 laalamanii yoo hin qaban tahe tarii hanga mallattoo dhukubaa irraa qulqulleessanii fayyanitti gara mana barmootaa/ ECEC deebi'uu danda'u. Dhukuba irraa fayyaa tahuu isaanii yookaan dhukubsatanii guutummaatti deebisanii fayyuu isaanii kan ibsu waraqaa raga GP isaanii irraa dhiheessuu qaban.

Odeeffaannoo hanga bartootni fi ijoollotni mana turuu qabanii fi haala kan biroof DHS yeroo oolmaa mana barmootaa laali.

Daa'ima gara mana barmootaatti/ECEC deebi'uuf waraqaa doktora fayyaa irraa dhiheessuu HIN barbaachisne

Ijoollotni/bartootni erga mallattoo dhukubaa irraa qulqulluu tahuun isaanii beekameen kka hin jirre booda gara mana barmootaa/ ECEC deebi'uuf Damee Barmootaa fi Leenjii (Department of Education and Training) yookaan DHS irraa waraqaa ragaa dhiheessuu hin barbaachisu.

Tartiiba kanneen hordofuu keetiif galatoomi, wal taanee nagaadhaan turuu dandeenya.

Gorsi kun Damee Barmootaa fi Leenjii (Department of Education and Training), Kunuunsa Nageenya Victoria (Safer Care Victoria) fi Damee Tajaajila Fayyaa (Department of Health Services) dhaan qopheessame